Kaardii Taaallii COVID-19 / MyIR Mobile FAQs

Kardiin Talaallii (Vax Card) maalidha?
A Vax Card (Kaardiin Talaallii) galmee seera qabeessa talaallii COVID-19 keessaniiti. Yeroo talaallii fudhattan kaardii guyyaa COVID-19 iitti fudhattanii fi asxaa ofirraa qabu Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuu Ittisaa fi To'annoo Dhibee) irraa fudhachuu qabdu. Kaardii hun fudhanne yookin ni gattan yoo ta'e, talallii fudhachuu keessan karaan biraan ittiin mirkaneessan jira (gaaffi fi deebii armaan gadii ilaalaa).

Talaallamuu kan agarsiisu ragaa seera qabeessaa maaltu jira?
Kanneen armaan gadii ragaalee talaallii fudhachuu agarsiisaniidha:

- Galmee talaallii umurii guutuu/CDC Kaardii Talaallii COVID-19
- Waraqaa (printout) Immunization Information System (Mala Odeeffannoo Talaallii) Naannoo Washington
- MyIR (Ingiliffa qofaan) waraqaa (iskiriinshotii yookin Sadarkaa Talaallii)
- My IR Mobile (Ingiliffa qofaan) Waraqaa Ragaa Talaallii COVID-19
- Doktara kee irraa ragaa waraqaa yaalaa bifa elektiroonikiitin kennamu

Kaardii Talaallii (Vax Card) kan mataa keessanii qabaachuu hin dandeessan, akka ragaa seera qabeessatti hin fudhatamu waan ta'eef. Ragaa seera qabeessa ta'ee kan fudhatamu ragaalee yaalaa mirkanaa'e kan yeroo talaallii fudhattan, karaa ogeessa fayyaa keessanii yookin tajaajila poortaalii MyIR armaan olitti ibsamanii.

Kaardii Talaallii (Vax Card) Kiyya Akkamittan Olkaa'a?
Kaardii Talaallii keessan iddoo sirrii kaa'uu qabdu! Akka waraqaa ragaa dhalootaa yookin paaspoortii keessaniitti ilaalaa. Suura kaasuu, footoo koppii gochuu, koppii isaa laamineet gochuu (orjinaala isaa osoo hin taane, yookin koppii isaa qabaachuu keessan mirkaneessuf mala biroo hordofuu.

Akkaataa itti Kaardii Talaallii sirnaan qaban ilaalchisee odeeffannoo dabalataatif, kana maatif hiriyoota keessaniif qooduu ni dandeessu. Barruu kana afaan keessaniin argachuudhaf, as cuqaasaa: (amma afaan Ingiliffaa fi Ispaanishiin)jira.

Kaardii Talaallii (Vax Card) kiyya maalifan olkaa'a?
Kaardiin Talaallii keessan, talaallii COVID-19 fudhachuu keessan mala salphaan agarsiisuf gargaara. Karaa deemudhaaf, sagantaawwan addaa addaa hordofuudhaf akkasumas gara fuulduraatti odeeffannoo talaallii dabalataa dabaluudhaf ragaa talaallii fudhachuu keessan agarsiisuun isin barbaachisa ta'a.

Manneen daldalaa Washington keessatti argaman hedduun isaanii namoota talaallii guutuu fudhachuu isaanii ragaa qabataniif fayidaalee addaa addaa ni kennuuf. Kuni kan of keessatti qabatu, gatii hir'isuu, kennaa, yookin sagantaa garaa garaa irratti iddoo teessumaa dursa argachuu.

Yeroon talaallii fudhadhu Kaardii Talaallii hin arganne yoon ta'e maalan godha?
Yero talaallii COVID-19 fudhattan kaardii talaallii hin fudhanne yoo ta'e, ogeessa fayyaa keessan qunnamuu ni dandeessu. Karaa marsaa intarneetii www.MyIRMobile.com (Ingiliffa qofaan) ragaa talaallii COVID-19 keesan hordofuun akkaawuntii bilisaa banuu ni danadeessu.

Kaardii talaallii kiyya yoon gate maalan godha?
Kaardii talaallii keessan yoo gattan, karaa seera qabeessan karaa ogeessa fayyaa keessanii yookin www.MyIRMobile.com (Ingiliffa qofaan) irratti akkaawuntii banuudhan talaallii COVID-19 fudhachuu keessan. Argattu.

MyIR Mobile maalidha?
MyIR Mobile poortaalii marsaa intarneetii namoonni galmee/ragaa talaallii naannoo seera qabeessa akka ilaalan/argatan kan gargaarudha. Akkaawuntii www.MyIRMobile.com (Ingiliffa qofaan) irratti banuu ni dandeessu.

Yeroo ammaa kana MyIR Mobile afaan Ingiliffaa qofaan akka ta'e hubadhaa. Deeggarsa afaanif yookin galmeewwan (records) keessan argachuudhaf, sa'aatii idileetti 360-236-3595 irratti Office of Immunization and Child Profile, Biiroo Talaalli fi Pirofaayilii Daa'immanii Washington State tti bilbiluu ni dandeessu yookin waiisrecords@doh.wa.gov irratti email dhaan qunnamuu ni dandeessu.

Ragaa talaallii COVID-19 daa'ima kiyyaa akkamittan argadha?
Yeroo talaalliin kennamuuf mucaan keeesan kaardii talaallii CDC argachuu qabdi ture/rte. Akkuma kan keessan olkeessanitti kan ijoollee keessaniis kaa'ufiin gaaridha. Tarreewwan kuuusaa (storage) armaan olii ilaalaa.

Kaardii talaallii CDC yoo qabaattan, koppii seera qabeessa karaa ogeessa waldhaansa daa'immanii yookin qaama talaallii dhiyeessuu argachuu ni dandeessu. Akkaawuntii maatii www.MyIRMobile.com (Ingiliffa qofaan) irratti uumudhaan pirofaayilii daa'ima keessanii achi irratti dabaluu ni dandeessu.

Naannoo Washingtoniin alatti talaallii yoon fudhadhe maal rakkoo qaba?
Naannoo Washington keessatti hin talaalamne yoo ta'e, ragaan talaallii keessan MyIR Mobile irratti mul'achuu dhiisuu mala. Talaallii COVID-19 fudhachuu keessan wantoota mirkaneessan kanneen akka kaardii talaallii CDC yookin ragaalee kraa ogeessa fayyaa keessaniin mirkanaa'an kan biroo fayyadamaa.

United States keessatti talaallii hin fudhanne yoo ta'e, biyya itti talaallii fudhattanii ragaa isinii kenname qabadhaa.

Ragaalee talaallin fudhadhe hunda isaa ofii koof yookin maatii koof akkamittan argachuu danda'a (talaallii COVID-19 miti)?
Ragaalee talaallii kana dura fudhattanii ofii keessaniif yookin miseensota maatii keessaniif yoo barbaaddan, ogeessa keessan dursee isin qaqqabu (parimary healthcare provider) keessan qunnamuu dandeessu yookin wa.MyIR.net (Ingiliffa qofaan) irratti akkaawuntii banuu dandeessu.

Deeggarsa afaanif yookin galmeewwan (records) keessan argachuudhaf, sa'aatii idileetti 360-236-3595 irratti Office of Immunization and Child Profile (Biiroo Talaalli fi Pirofaayilii Daa'immanii) Washington State tti bilbiluu ni dandeessu yookin waiisrecords@doh.wa.gov irratti email dhaan qunnamuu ni dandeessu.

Washington State Department of Health

DOH 348-819 June 2021
Bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-525-0127 tti bilbili. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin civil.rights@doh.wa.gov imeel godhaa.